| | | |
|---|---|---|
| | **Qajeelcha Poolisii Minneapolis**<br>**Maanuwaalii Himaammataafi Adeemsaa** | Lakkoobsa:<br>9-100 |
| **Jildii Sagal – Himaammatoota Hojiirra Oolchuu** | | |
| **Hidhaa Ga'eessotaa** | | |

## 9-101 Yakkaaf Hidhamuu – Ga'eessota

(05/29/02)

(A-B)

Hidhaan yakka cimaa ga'eessotaaf ka'umsa shakkii ta'u hunduu yeroo danda'ametti bakka hidhametti hayyamamuu qaba. Suppervaayizarri bakka hidhaan raawwatamettu deebii kennuu yoo dadhabe hayyamni raadiyoo, bilbilaa ykn MDT/MDCn kennamuu ni danda'a. Hidhaan yakka cimaa Ka'umsa shakkii kan hayyamamuu danda'u:

- Suppervaayizarri qondaala hidhee, ykn
- Qorataa yuunitii/kutaa qorannoo dhimmi ilaallatu irraa, yookiin
- Suppervaayizara biraa kamiyyuu

Suppervaayizaroonni yaada isaanii karaa MDT/MDC dabaluudhaan sababa ta'uu danda'u raggaasisuu isaanii fi akkasumas hayyama sana bakka sanatti ykn karaa raadiyoo/bilbilaa ykn MDT/MDC kennuu isaanii ni agarsiisu.

Hidhaan bu'uura hayyama qabu ykn 'PC pickups' tiin raawwatamu hayyama supparvaayizaraa hin barbaadu

Namoota hidhaman gara Giddugala Tursiisa Ga'eessotaa Kaawuntii Hennepin (HCADC)tti geessuun dura, qondaaltonni walgahii ibsa waliigalaa kan garee ilaaluu qabu. Namoonni hidhaman gara yuunitii qorannoo dhimmi ilaallatutti akka geejjibsiifaman yoo gaafataman malee adeemsa hojichaaf gara HCADC ni geeffamu.

Unkaan Tursiisuu Abbaa Taayitaa (HC 6377) ni guutama. Maqaan supparvaayizara raggaasisu fi lakkoofsi baajii kutaa yaada unka Abbaa Taayitaa Hidhaa keessatti tarreeffamuu qaba. Maqaan supparvaayizara shakkamaa hidhamuu fi itti fufiinsa hidhamuu raggaasisu kutaa seeneffama gabaasa CAPRS keessatti hammatamuu qaba.

Waraqaan jalqabaa(asilii) HCADC irratti kan hafu yoo ta'u, kooppiin kaarboonii gabaasa CAPRS waliin akka turuuf barreessaa Poolisiitiif ni kennama. Gorsi Dhuma Sa'aatii 36 (HC 6400) ni xumurama. Seera Sa'aatii 48 Manni Murtii Olaanaa kaa'e kabajuuf qondaaltonni yeroo hidhaa sirrii ni qabatu. Yeroon hidhaa yeroo shakkamaan galmaa'ee ykn yeroo gabaasni dhiyaate miti. Gorsi Dhuma Sa'aatii 36 waraqaan jalqabaa HCADC irratti kan hafu yoo ta'u, kooppii kaarboonii dhimmicha waliin kutaa qorannoo dhimmi ilaallatuuf ni dabarfama.

PC Pick-ups dabalatee gocha yakka saalqunnamtiitiin (CSC) hidhamuun, qondaalli tokko unka Beeksisa Yakkaa Miidhama Karaa Saalquunnamtii Mudate (HC 6170) guutuu qaba.